1. *All Ethiopian languages shall enjoy equal state of recognition.*
2. *Amharic shall be the working language of the Federal Government.*
3. *Members of the Federation may determine their respective languages.*

http://ccat.sas.upenn.edu/~haroldfs/540/polintro/polintro.html.

Mootummaan amma jiru kun afaanota sabaafi sablammootaa dhimmoota hojii waajjiraalee mootummaaf, hojii caasaalee bulchiinsaaf, hojii mana murtiifi barnootaaf gama oolchuutiin jijjiirama guddaa agarsiiseera. Haaluma kanaan, mootummoonni naannoo biyyittii afaanota hojii mootummaa naannoo isaanii keessatti kan itti gargaaraman, filachuun dhimmoota adda addaaf qoqqooduun hojiirra oolchani. Afaan Amaaraa afaan hojii mootummaa naannoo Amaaraafi mootummoota naannoo biraa afur dabalatee afaan hojii mootummaa federaalaa biyyittii, afaan Oromoo afaan hojii mootummaa naannoo Oromoyaa, afaan Tigirenyaa afaan hojii mootummaa naannoo Tigiree, afaan Adaree afaan hojii uummata Hararii, afaan Affaar afaan hojii mootummaa naannoo Affaariifi, afaan Somaalii afaan hojii mootummaa Somaalee keessatti filatamuun hojiirra oolan. Afaanonni baay'een sadarkaa godinaaleefi aanaattillee mootummaa naannoo kibbaa keesstti afaan hojii waajjiraalee garagaraafi barnootaa ta'anii filatamuun hojiirra oolaniiru.

## BOQONNAA SHAN

### 5.1. Yaadrimee Waaltina Afaanii (Concept Of Language Standardization)

Qo'annoo hawaasummaafi afaanii (sociolingistics) keessatti karroorri afaanii kan akka qo'annoo haaraatti eegalame baroota 1960tti ture (Crystal 1987). Akka ibsa Stewart (1968) tti waaltinni bifa idileef (formal) al-idilee (informal) tti qoodamuu ni danda'a. Waaltinni idilee (formal standardization) adeemsa afaan tokko itti yaadamee waalteefamu kan ibsu yoo ta'u, waaltinni al-idilee (informal standardization) immoo hala osoo itti hin yaadamiin hawaasni afaan tokko dubbatu afaanicha dubbatu waaltessaa deemuu agarsiisa. Xiyyeeffannaan koorsii kanaa waaltina idilee irratti ta'a.

### 5.2. Maalummaa Waaltina Afaanii /Definition of Standardization

Tajaajila afaanii inni duraa walqunnamtii saffisiisuudha. Walqunnamtiin fiixaan ba'uuf afaan tokko bifa wal-fakkatuun itti faayadamuun barbaachissadha. Haata'u malee, afaan uumamumaan bifa adda addaa niqabaata. Kanaaf, jijjiirama afaanii (language change)fi bifa afaanii wal-fakkaatuun wal-galuu gidduutti waldhabdeen jira jechuudha.Sababnisaas wal-qunnamtii gaarii adeemsiisuf namoonnii waligaltee adeemsisan sun afaan bafaan wal fakkaatutiin fayyadaman fayyadamuuwaan qabanf. Kanaaf, yaaliin garaagarummaa afaan tokko keessa jiru to'achuun barbaachisaadha.

Waaltinni jijjirama afaanii gufachiisuu ni danda'a; garuu, guutummaan guutuutti dhorku hin danda'u (Milory 1999). Kana jechuun waaltinni afaanii itti fayyadama afaanii wal-fakkatu uumuuf jijjiirama afaaniifi garaagarummaa afaanii hir'isa. Beektonni hedduunn hiikaafi adeemsa waaltessuu irratti marii'ataniiru. Waaltinni (standardization) adeemsa ittiin logawwan afaan adda addaa keessaa inni tokko akka caalutti yookiin lugalee jiran makuum afaan walta`e tokkoo uummata afaanicha dubbatan hunduma biratti fudhatama akka argatu taasifamu yookiin koodii kennuu (codification) agarsiisa (Ferguson 1968). Waaltinni akka adeemsa (process) tti ilaalamuu qaba. Sababni isaas, kanneen du'an irraa kan hafe afaan hundumtuu garaagarummaa kan qabaniifi haala jijjiramaa keessa jiru.

Waltinni afaaanii maaltu afaan keessatti dabalamuu akka qabuufi dabalamuu hinqabne irratti waliigaluudha. Haugen (1966) afaan tokko walteessuu keessatti lugaalee jiran

keessa tokko walta`aa taasisuuf sadarkaalee muraassa keessa darbuu akka dirqamaa ta`e ni ibsa. Isaanis; filachuu (selection), lugaalee jiran keessa tokko filachuu, moggaasuu (codification) seer-lugafi guuboo jechootaa qopheessuufi baba`alisuu (elaboration)-afaan walta`e sana og-barruu, mana murtii, barnoota bulchiinsaafi daldala keessatti fayyedamuu dha. Itti dabaalunis 'codification'fi 'elaboration' yoo uummatichi filannoo lugaa yaadaan irratti walii galuufi jaalatanii akka fudhatan taasifame malee fiixaan ba'umsa amansiisaa hin qabu. Kanaaf, filannoon (norm selection) adeemsa waaltessuu keessatti murteessaadha.

Adeemsi waaltessuu matuma isaatiin tajajila hedduu ni qaba. Adeemsi kun namoota dhuunfaafi garreewwan uummata bala`aa ta`e of keessatti hammatee qabachuun tokkummaa isaanii caalatti ni cimsa. Karaa biraatiin walitti isaaniin hidha. Battalumatti immoo uummaticha uummattoota biro irraa adda isaaniin baasa. Kanaaf, waaltessuun mallattoo eenyummaa karaa adda addaa calaqqisiisuuf ni tajaajila. Isaan keessaas: naannummaa (regional), hawaasummaa (social). Sabummaa (ethnic)fi amantaa (religious) gurguddoodha. Kanneen afaan walta`e sana hojiirra oolchaniifi hin oolchine adda baasuufis; waaltinni afaanii namoota sirriitti itti fayyadamaniif kabaja qaban ni dabala. Kanneen luga yookiin bifa hin waalteffamneen dubbachuu itti fufan immoo akka ceepha'aman ni taasisa. Kanaaf, akka kaayyoo amala afaanichaa seera dubbi adda ta'e fayyadamaniittis ni ilaalama.

Yeroo baay'ee luga waalta'e santu tajaajila barreeffamaaf oola; mana barumsaafi dhalattoota biyya alaaf tajaajila barnootaaf fayyada; irra jireessaan nammotni barataniin ni dubbatama; tamsaasina oduufi haalleen walfakkataniif oola. Haata'u malee, garaagarummaan bifa waalta'aa ta'uufi dhiisuun yaadrimewwan idilee (formal)fi al-idilee (informal) ta'uu waliin wal-hin qabatu yookiin yaada 'gaarii'fi 'yaraa' jedhu ofkeessaa hin qabu. Afaan waalta'e tokko bifoota idilees al-idilees of keessaa ni qaba.

Waaltinni afaanii bifoota yookiin lugaalee naannoofi (local) dubbattoota isaanii irratti dhiibbaa cimaa ni geessisa. Fudhatamummaan isaanii hir'isaa deema. Osoo hin jaalatiin bifa yookiin lug isa waaltinaaf filatame sanatti ofmadaqsaa deemu; kaanafuu, dubbattoota kanneen luga naannoo isaanis akka hin badne eegaa itti fayyadama isa kan biyyoolessaa (isa waalta'e) fudhachuu barbaadan irratti rakkoo ni uuma.

Yeroo tokko tokko mootummoonni beekaa hata`u jedhanii qaama mootummaa dhimma afaanii to'atuufi jijjiirama barbaachisaadha jedhe sana jajjabeessan qopheessuun adeemsa waaltina afaanii keessatti hirmaata. Fakkeenyaaf, akkaadaamii afaanii (language academey) hundeessuun isa tokko. Yeroo tokko tokko immoo waaltinni afaanii sababoota siyaasaaf beekaa ariitiin taasifamuu ni danda'a. Kunis, afaan tajaajila hedduu akka taasisuuf, sabboonummaa lammiilee cimsuuf, eenummaa lammiilee tokkicha horachuuf, jireenya siyaasa namootaa jajjabeessuuf /onnachiisuuf, qulqullina afaanichaa eeguuf yookiin afaanicha ammayyeessuuf ta'uu ni danda'a. Yeroo ammaa kana adeemsi waaltessuu ariifachiisaan akkasii kun biyyoota Indiyaa, Indoneziyaa, Naayijeeriyaafi Isiraa'el keessatti adeemsifamaa jira.

Darbee darbee immoo, waaltinni afaanii afaanota yookiin loqodoota waalta'an tokkoo ol uumuu ni danda'a. Noorwey afaan waaltinaa lama, Nynorskfi Bokmal, qabaachuun fakkeenya gaariidha. Haala akkasii keessatti rakkoo addaa uumamu tokko hunduma gammachiisuuf jecha afaanota yookiin loqodoota waaltinaa lamaan walitti makuun afaan yookiin bifa waaltinaa tokkotti deebisuun barbaachisaa ta'uu ni danda'a. Yaaliin walitti makuu kunis garee lachuun yookiin tokkoo isaaniin afaan yookiin bifti ofii isaanii of danda'ee akka afaan waaltinaatti akka itti fufu yoo fedhan adeemsichi gufachuu ni danda'a. Biyyoota tokko tokko keessatti, adeemsi waaltina afaanii mormiin isa mudachuus ni danda'a. Fakeenyaaf, Hindi Indiyaa keessatti waalteffamaa haa jiraatu malee, mormiin naannummaa (regional resistance) isa qunnamee jira. Mormiin akkasii kunis soda afaanonni naannoo Hindin liqimfamu yoo xiqqaate immoo gaddeebi'u kan jedhu irraa kan maddedha.

Rakkooleen waaltina afaanii waliin wal-qabatan keessaa inni biraan rakkoo afaanota yookiin lugaalee naannoo fudhachuu dadhabuuti. Isa waaltinaaf filatame kana akka afaan durdurii irraa eegalee tureetti barsiisuufi guddisuu kanneen hafan immoo tuffachuu; afaan yookiin bifa waaltinaa sana qofa akka afaan jiraataatti fudhachuunis ni jira. Adeemsi waaltina afaanii ifatti yaalii garaagarummaa afaanii yookiin loqodaa dhabamsiisuuf yookiin hir'isuuf taasifamudha. Haata'u malee, garaagarummaan afaanii uumamuun kan jiraatuufi jijjiirama afaaniif sababa ta'uun isaa haqadha. Kanaaf, garaagarummaan afaan tokko keessa jiraachuun dirqama akkasumas barbaachisaadha. Haala kanaan waaltinni

afaanii afaanota matuma isaanii irratti yoo ta'uu baate immoo namoota kanneen adeemsa waaltessuu keessatti hirmaatan irratti dhiphina ni fida. Sabana kanaaf akkaadaamiin afaanii biyyoota hedduu waaltessuu irratti rakkoon isaan muudatee waan hojjetan isaan rakkisee jira.

### 5.3. Galma Afaan Waaltineessuu (Aims Of Language Standardization)

Biyyoota adda adddaa keessatti afaan waaltineessuun ka'umsaafi sababa garagaraa mataa isaa ta'e haaqabaatuyyuu malee ka'msoonni baramoo ta'an kanneen asiin gadiiti.

1. **Saba Tokko Guddisuu (To Develop A Nation)**

Biyyoonni hedduun addunyaa kanaa sabaafi sab-lammoota afaaniifi aadaa garagaraa qaban kan of keessaa qabdu ta'uun dhugaa ifatti jirudha. Haala kanarraa adda ta'een garuu, biyyi tokko fedhiifi kaka'umsa garagaraa bu'uura godhachuun imaammata afaan saba tokkoo qofa waaltineessu hordofuu dandeessi. Afaan saba tokkoo qofa waaltineessuun kunimmoo hawwaasa afaanota garagaraa dubbatan gara afaan tokko dubbachuutti luuccessuun saba afaan tokkoofi aadaa tokko qofa qabu taasisa.

2. **Waliigaltee Salphisuu (To Facilitate Communication)**

Waaltinni afaan tokkoo sadarkaa dubbiirraa gara sadarkaa barreeffamaatti akka ce'u taasisuun waliigalteen salphaatti akka gaggeeffamu gama taasisuun gumaacha guddaa qaba. Sababiin isaas, dubbattoonni loqodoota afaan tokkoo karaa waaltina afaan isaanii salphaatti waliigaluu waan danda'aniif jechuudha. Fakkeenyaaf: biyya Jarman kutaa biyyittii garagaraa keessa hawwaasni jiru loqodoota garagaraa afaan Jarmanii kan dubbatan yoo ta'u inni tokko loqoda kan isa biraa hubachuu hindanda'u. Haata'u malee, dubbattoonni afaan jarmanii hunduu afaan isa 'standard Garman' jedhamuun salphaatti waliigalu.

3. **Akka Modeeliitti Tajaajiluuf (To Be Used As A Model)**

Afaan tokko yommuu waaltinaa'u dubbattoota loqodoota afaan sanaa maraaf akka afaan modeeliitti eeramu ta'ee tajaajila.

**4. Barsiisuu Salphisuuf**

Afaan loqodoota hedduu qabu tokko waaltinaa'uun dubbattoota loqodoota adda addaa sana yoo walii hingalchu ta'e afan sun afaan barnoonni ittiin kannamu ta'uu hindanda'u. Kanaaf, dubbattoota loqodoota afaan tokkoo jidduutti barnoota afaan sanaan hojiirra oolchuuf afaanichi waaltinaa'uun murteessaa ta'a.

**5. Fedhii Siyaasaa Tajaajiluuf**

Fedhiin siyaasaa, fakkeenyaaf: bittaa humnoota aangoo biyya alaafi biyya keessaa jalaa bilisa ta'uuf afaan ofii waaltineessuun gaaffii itti fayadama isaa gaafachuuf akka haaldureetti tajaajiluu danda'a.

## 5.4. Garaagarummaa Afaan Karoorsuufi Afaan Walteessuu /Language Standardization And Language Planning

Qo'attoota gidduutti fayyadama waaltina afaaniifi karoora afaanii irratti garaagarumman ni mul'ata. Gariin isaanii lamaanuu bakka wal-buusuun yeroo fayyadaman, muraasni isaanii immoo akka gargar ta'anitti ilaalu. Fakkeenyaaf, Karam (1974) waaltina afaanii akka qaama karoora afaaniitti kaa'eera. Qaamolee karoora afaanii sadii yeroo ibsu waaltessuun isa tokkodha. Kanneen hafan lamaan giraafessuu (graphization)fi ammayyeessuu (modernization)dha. Akka Tauli (1974) immoo adeemsi afaan yookiin loga filachuufi itti yadanii afaan guddisuun karoora afaanii yookiin waaltina afaanii jedhamee waamamuu ni danda'a. Ansre (1974) waaltinni afaanii afaan tokkicha (intra-language) keessatti kan raawwatu yoo ta'u, karoorri afaanii dhimma afaan tokko (intra-) yookiin afaanota garaagaraa gidduu (inter-) ta'uu ni danda'a.

Akka ibsa kanaatti, karoorri afaanii rakkoolee afaan tokko keessa jiru yookiin kanneen afaanota adda addaa gidduu jiru hiikuu irratti hojjeta. Waaltinni afaanii garuu, afaan tokko qofa irrtti xiyyeeffata. Akka ibsa kanaatti, karoorri afaanii waaltina afaanii ibsuu ni danda'a. Afaan tokko irratti yoo xiyyeeffannu, waaltinaafi karoorri afaanii hiika waliif ta'uu ni danda'u. Haala afaanota adda addaa keessatti garuu waaltinni qaamolee karoora afaanii keessaa isa tokkodha. Kanaaf, karoorri afaanii waaltina afaanii caalaa ba'aadha.

### 5.5 Gulantaalee Waaltina Afaanii (Language Standardization Phases)

Waaltinni afaanii gulantaalee heddu akka of keessaa qabu hayyoonni afaanii ‘Nurse’fi ‘Haine’ jedhaman bal’isanii lafa kaa’aniiru. Gulantaaleen kunneenis:

- Murteessuu (determination)
- Koodii Bakka bu’iinsa kennuufii (codification)
- Gabbisuu (elaboration)
- Hojiirra oolchuu (implementation)
- Kunuunsuu (cultivation)
- Walsimsiisuu (harmonization)

**1. Murteessuu**

Biyyoota afaanonni hedduun keessatti dubbatamanitti murteessuun gama sadarkaa afaanii karoorsuutiin filatamuu afanii/afaanotaa tajaajila waliigaltee addaa sadarkaa naannootti, biyyoolessaattiifi addunyaatti qabaachuu danda’an adda baasuun akkuma jirutti kaa’uudha. Gama waaltina afaaniitiin garuu, murteessuun wanta hawwaasni waaltinicha keessatti hammatamu hundi irratti waliigaluufi akka yaada wabiitti eeru afaan filatame tokko akka qabaatu taasisudha. Dhimmi afaan tokko yommu waaltinaaf filatamu hawwaasicha waaltina afaanichaa keessatti hammatamu waaliigaltee dhabsiisu, rakkina biyyoota hedduu keessumaa kan biyyoota Afrikaa yeroo ammaati.

Sababiin isaas, baroota darban keessatti biyyoonni Afrikaa hedduun bittaa humnoota koloneeffattootaafi hacuuccaa weerartoota mootota ollaa isaaniin mirgi afaan isaaniin dubbachuufi aadaa isaanii keessa jiraachuu karaa kallattiifi miti-kallattiin dhiibamaa waantureef. Humnoonni koloneeffattootaa hawwaasicha bitaa turan sunis afaaniifi loqoda afaan tokko keessa jiruun garaagarummaa isaanii labsaa imaammata ‘qoqqoodii biti’ jedhu isaanirratti raawwachaa turan. Har’as haala qabatamaa biyya keenyaa yoo ilaaalle, faayidaa xixiqqaa tokko tokko argachuuf jecha falaasama darbe kana hojiirra oolchuuf

oliif gad kan jedhanfi keessumaa loqoda afaaniitiin saba afaan tokko dubbatu qoqooduuf olola kan afarsan heddudha.

Waaltina afaanii murteessuu keessatti dhugaan jiru tokko, hawwaasni afaan yookaan loqodni inni dubbatu yoo waaltinaaf filatame afaan kabajaa (prestigious) ta'uunsaafi dubbattoonni isaas kabajamoo ta'uun isaanii kan hinoolle. Gama biraanimmoo afaan waaltinichaa ala ta'emmoo carraan isaa loogiifi 'afaan namoota laga tokkoo' jedhamee kan ciga'amu ta'uu isaati. Kanaaf, waaltina afaanii keessatti hojiin afaan tokko waaltinaaf murteessuu hojii afaan sanaafi dubbattoota isaa humnaafi aangoo kennuuti. Sababa kana ta'eef, rakkinna waaltina keessatti ni ka'a jedhamee asiin olitti eerame, keessumaa waldorgommii afaanota jidduutti ta'urraan kan ka'e tasgabbaa'uu dhabuu hawwaasichaa, hambisuuf beektonni hedduun waan mala dhahan keessaa tokko mala 'loqoda maraa' (pan dialectal) hojiirra oolchuuti.

Malli 'loqoda maraa' hojiirra oolchuu, hojii loqoda hawwaasa eenyuuyyuu hintaane waaltineessuuti. Loqonni maraa waaltinaaf filatamuu qaba jedhame kunis loqoda loqodoota afaan tokkoo irraa kan uumame yookaanimmoo loqoda gartuu dubbii (speech community) afaan tokkoo kan hinta'iin garuu dubbattoonni loqodoota afaan sanaa hundi kan haasa'uu danda'an ta'uu danda'a. Gaaffiin afaan kamtu yookaan loqodoota afaan tokko keessatti argaman keessaa isa kamtu waaltinaa'uu qaba jedhu yeroo dheeraaf rakkoo biyyoota Afrikaa ta'ee jiraatera. Fakkeenyaaf, biyyoota Afrikaa bahaafi giddu-galeessaa keessatti, keessumaa biyya Taanzaaniyaatti, afaan kisiwaahilii afaan bal'inaan dubbatamu ta'uun isaa waaltinaaf akka filatamu isa dandeessiseera. Afaan kun loqoda hawwaasa gartuu afaanii kamiiyyuu otuu hinta'iin afaan 'Creole' jedhamudha. 'Creole' jechuun afaan dhimma addaa wayiif, fakkeenyaaf daldala, uumameefi afaan dhalootaa gartuu afaanii kamiiyyuu kan hintaane jechuudha. Waa'een afaanota 'Creole' ta'anii baay'ee bal'aa waan ta'eef bakka kanatti kanaa ol kaasuun barbaachisaa hinta'u.

Kanumaa wajjin walqabatee, biyyoonni Afrikaa hedduun isaanii afaan filatanii waaltineessuu wajjin walqabatee rakkina uumamuu danda'u baqachuuf jecha afaanota koloneeffattoota isaanii afaan hojii biyya isaanii taasisanii labsuun afaan biyyoota isaanii waaltineessuu irraa ofqoqqobaa turaniiru. Haaluma kanaan, yeroo ammaa kana afaanota Afrikaa keessaa akka afaan dhalata Afrikaatti kan beekamaniifi afaan waaltinaa'anidha

jedhaman afaanota kan akka kisiwaahilii (biyyoota Taanzaaniyaa, keeniyaa, ugaandaa, koongoo keessatti dubbatama), Hawusaa (biyyoota Naayjeeriyaafi Niijer keessatti dubbatama), Afrikaanaa (biyya Afrikaa kibbaa keessatti dubbata), Amaaraafi (biyya Itiyoophiyaa keessatti dubbatama), Somaalii (biyya Somaaliyaa keessatti dubbatama), fa'i. Mujuliin kun waa'ee akkaataa waaltina afaanota asiin oliti kaafnee kana bal'inaan kaasuurraa of qusateera.

### 1.1. Ulaagaalee /Safartuu Ittiin Afaan Waaltinaaf Filatamu

Loqodoota afaan tokkoo keessatti loqonni tokko yookaan tokkoo ol loqoda waaltinaa'e ta'ee akka filatamuuf safartuuwwan asiin gaditti eeraman akka bu'uuraatti beektota hedduu waliigalchu. Isaanis:

- Baay'inni dubbattootaa afaanicha /loqodicha akka afaan dhalootaa isaaniitti dubbatan heddu ta'uufi afaanichi dubbattoota afaan dhalootaa isaanii hintaane heddu qabaachuu
- Hanga baay'ina 'dokiyumantii' barreeffamaa (ogbarruu) otuu afaanichi / loqodichi waaltinaaf hinfilatamiin qophaa'ee jiruu
- Seenaafi aadaa kabajamuu (prestige) afaanichi /loqodichi dubbattoota afaanicha akka afaan dhalootaatti hindubbanne biratti qabu.
- Qulqullina afaanichaa (purity) yookaan afaanichi afaanota biroo wajjin otuu walhinlaaqiin dubbattoota afaan dhalootaa isaanii ta'een haasa'amuu isaa
- Seenaa, aadaafi amantaa kabajamaa dubbattoonni afaanichaa qaban
- Olaantummaa afaanichi /loqodichi gama dinagdeefi siyaasaan dibbattoota afaan dhalootaafi afaan dhalootaa hintaanef birratti qabu

Qabxiileen asiin olitti kaafne kun waaltina afaaniifiif akka ulaagaatti haa kaa'amaniyyuu malee biyyoonni hedduun, keessumaa kan Afrikaa, hojiitti yommuu jijjiiran hinmul'atan. Sababiin isaas, biyyoota Afrikaa keessatti afaaniifi itti fayyadamni afaanii fedhii hawwaasa biyyittii kan tajaajilan otuu hintaane fayidaa siyaasa biyyitti fiixaan baasuu kan oolan ta'uu beektonni hedduun waliigalu.

## 2. Koodii Bakka Bu'iinsa Kennuufii

Sadarkaalee kana keessaa tarkaanfiin inni jalqabaa qubee afaan sun ittiin bakka bu'ee barreeffamu uumuufiidha. Haaluma kanaan, loqoda afaan tokkoo/afaan tokko afaan waaltinaaf filame goonee gaafa dhiheessinu tarkaanfiin inni lammaffaa murteessuutti aanee dhufu akkaataa barreessuu waaltinaa'aa afaan sun ittiin bakka bu'u qopheessuudha. Kunis ta'uu kan danda'u, akkaataa barreessuu waaltinaa'aa uumuu yookaan akkaataa barreessuu loqodoota waaltinicha keessatti hammatamanii wal'unachiisuun tokko taasisuuni. Kanumaa wajjin walqabsiisuun akkaataa itti afaanonni Afrikaa seera barreessuu (writing system) isaanii argatan yoo ilaalle kan bay'ee isaanii hojii koloneeffattootaafi 'mishinerootaa' wajjin walqabata.

Koloneffattoonniifi mishineroonni kunis, afaanota Afrikaa afaan dubbii ta'uu qofarraa gara afaan barreeffamaatti akka ce'uuf filannoon isaan gargaaraman qubee fonatikii addunyaa (international phonetic alphabet) hojiirra oolchuun yoo ta'u afaanota tokko tokkoof garuu qubee 'afaanota Afrikaa' kan fooyya'iinsa xiqqaan qubee fonatikii addunyaarraa argameen ture. Biyya Afrikaa keessatti afaan Amaaraa dabalatee afaanonni muraasni qubee mataa isaaniifi akkaataa barreeffamaa dubbachiiftuun bira hinjirre (mono-syllabic) kan qaban yoo ta'u afaan Oromoo dabalatee afaanonni addunyaa kanaa hedduun garuu fooyya'iinsaafi madaksa (adaptation) barbaachisaa ta'e taasisuun akkaataa barreessuu afaanota Roomaa, Giriikiifi Arabaa gargaaramu. Walumaagalatti, qubeen afaan tokko bakka bu'u yommuu filatamu hawwaasicha keessatti gama hawaasummaa, addaa, siyaasa, xiinsammuufi barnootaan tajaajiluuf ga'umsa kan qabu ta'uu qaba. Akka namichi Jack Berry (1991) jedhamu lafa kaa'etti, ga'umsi qubee afaan tokko bakka bu'uuf filatamee kan madaalamu:

- Raawwatee barattootaaf kaka'umsa kan kennu ta'uu
- Raawwatee afaan dubbatamu sana barreefamaan bakka bu'uu danda'uu
- Ittiin barachuuf raawwatee kan mijatu ta'uun
- Sagaloota dibbii jiran mara yookaan barbaachisoo ta'n ofkeessatti qabachuu fa'i.

## 3. Gabbisuu

Waaltina afaanii keessatti keessumaa afaanota hacuuccaa jala turanii har'a tajaajila dubbattoota isaaniif ga'an yoo ilaalle, rakkoo guddaan isaan quunnamee mul'achaa jiru rakkoo hanqina 'terminooloojiiti'. Yeroon ammaa kun yeroo itti saaynsiifi teknoloojii guddatee terminoloojii guddina kana ibsaa jiranis afaanota saayinsiifi teknoloojii sanaa wajjin guddatanii jiranidha.

Kanaafuu, guddina biyyoota reef guddachaa jiranii keessatti guddinni afaan isaanii yoo barbaachise inni murteessaan guddina terminoloojiiti. Guddinni terminoloojii kunis gama tajaajila waliigaltee daldalaa, ogummaa, barnoota saayinsiifi teknolojiifi kan biroos ta'uu danda'a. Keessumaa, terminoloojii Afaanii, Herregaa, Keemistrii, Baayoloojii, ji'ograafiifi kan gosoota barnootaa biros qopheessuuniifi galmee jechootaa mataa isaanii akka qabaatan taasisuun baay'ee murteessaadha.

Terminoloojii gosoota barnootaa adda addaaf qopheessuutti dabalee caasaan afaanichaa haala wabii ta'uu danda'uun waaltinaa'ee dhihaachuun, akkasumas, hojiiwwan artii afaanichaan qophaa'an hedduminaan jiraachuun baay'ee murteessaadha. Qophii terminoloojiifi galmee jechootaa kanaafis Akkaadaamiin Afaanii karoora korpasii keessatti ogeeyyota xiinqoqaa dabalatee garee qooda fudhachuu qaban mara himaachisuun irraa eegama.

Karaan terminoloojiin afaan tokkoo itti gabbachuu danda'u heddu yoo ta'u isaan muraasni beekamoo ta'an:

### 1. Ijaarsaan (Composition)

Afaanota guddinarra jiraniif karaa ijaarsaan terminoloojii uumuun toftaa baay'ee baramaafi mijataa ta'eera. Toftaa kanaan tarmiin kan ijaaramu tarmiilee biroo tokkoo oliirraati.tarmiileen akka maddaatti tajaajilaa jiran kunis afaanichuma keessaa waan ta'eef dubbattoonni afaanichaa tatmii haaraa uumame kana sammuutti qabachuuf baay'ee hinrakkatan.

Fakkeenyaaf,

Xiinsaga = xiinxala + sagalee

Sabquunnamtii = Saba + quunnamtii

Rogsadee = roga + sadee

2. **Umamtee (Derivation)**

Toftaa dariveshinii keessatti maxxantoonni duubaa, gidduufi duraa tarmii durumaan jirurratti dabalamuun tarmiin biraa karaa itti uumamudha. Fakkeenyaaf: Barataa, barattuu, barumsa, barachuu, barnoota kkf.

3. **Hiika Bal'isuu (Semantic Expansion)**

Tarmiin tokko hiika dura qaburratti dabalee hiika biraa gaafa argatu yookaan hiika dura qabu gadidhiisee hiika biraa yoo fudhatu karaa inni tarmichi qaama tarminoloojii afaanichaa ta'e hiika bal'isuuni jechuudha.

4. **Gabajee (Abrrivaition)**

Jalqaba qubee tarmootaa akka madda tarmii isa haaraa uumamuutti tajaajilanii fudhachuun tarmii haaraa taasisuudha. Fakkeenyaaf: BBO (Biiroo Barnoota Oromiyaa)

5. **Jecha Biraa Uumuun (Word Manufacturing)**

Yaadota rimee garagaraa gara afaanichaatti yeroo adda addaa galan bakka bu'iinsa akka qabaataniif jecha tarminoloojii haaraan yeroodhaa yerootti ogeeyyota dhimmi isaa isaan ilaallatuun qophaa'ee gara afaanichaatti galuu qaba. Haata'u malee, to'annaan gama to'attoota waaltina afaaniitiin taasifamuu.qaba.

6. **Ergifachuun (Borrowing)**

Amala afaanii keessaa tokko walirraa ergifannaa tarmootaafi ergifannaa sadarkaa birootti ta'ullee ta'uu danda'a.

## 4. Hojiirra oolchuu

Hojiin qubeefi seera barreessuu afaanii qopheessuu, tarminoloojii babal'issuufi caasaa giddugaleessaa afaanichaaf gabbisuu erga raawwatee booda adeemsa hojii afaan waaltinessuu keessatti tarkaanfiin itti fufu hojiitti jijjiiramuu danda'uu isaati. Akka waliigalaatti hojiin afaan waaltineessuu qaama hojii karoora korpasii waan ta'eef qaamoleen hawwaasaa kan akka ogeeyyota xiinqoqaa, xiinqoqa hawwaasumma, barsiisota, artistoota, gaggeessitoota gartuu hawwaasa afaanii haalaan kan qooda keessatti fudhatan yoo ta'u hojiirra oolmaa isaatiif garuu qoonni qopheessitoota imaammata afaanii baay'ee murteessaadha.

Hawwaasni dhimmichi kallattiin isaan ilaallatus tanaan fedhii guutuun yoo hinsimmanne ta'e milkaa'ina hojichaarratti dhiibaa fiduun isaa waan hinoolle. Hojii afaan waaltineessuu keessatti biyyoonni heddu muuxannoo barsiisaa ta'eefi muudannoo gufachiisaa ta'e heddu kan qaban ta'ullee waan waaltinaa'e sanammoo hojiitti jijjiiruutiin akka fakkeenya milkaa'inaatti ka'uu kan dandeessu biyya Somaaliyaati. Somaaliyaan harka koloneeffattoota ishee jalaa bilisa erga baatee booda bara 1972/3 tti afaan dhalootaa biyyitti kan ta'e afaan somaalii akka afaan hojii ishee isa tokkichatti labsite. Baruma kana keessa hojii afaan ishee waaltineessuufi hojiirra oolchuus raawwatte. Hojiirra oolmaan somaaliis hojii baay'ee dadhabsiisaa, falmisiisaafi obsa fixachiisaa akka ture odeeffannoon achirratti bahe ni addeessa. Adeemsi hojiirra oolmaa afaan somaalii kun raawwii battalatti raawwata heddu ofkeessatti kan qabu ture. Fakkeenyaaf:

- 'Pampileetiin' odeeffannoo waa'ee waaltina somaaliifi hojiira oolmaa isaa qabatan'helokopterii' raayyaa biyyaatiin bakka jiraattonni biyyattii argaman maratti biyyittii keessa deddeebi'uun raabsan.
- Battaluma 'pampileetiin' raabsamaa jirutti gaggeessaan biyyittii karaa raadiyoo biyyitii murticha dhageesissan
- Manneetiin barnootaafi yuunivarsiitiin biyyittii yeroof cufamuun leenjiin afaan waaltinaa'erratti kennameef

- Barattoonni leenjifaman kunneenis qubee haaraa, seera barreessuu haaraafi kan biroos afaan somaaliin qophaa'e sana gara hawwaasaatti fuudhanii ba'uun barsiisan. Barsiifni kunis karaa miidiyaa biyyittis yeroo dheeraaf itti fufe.

- Hojjettoonni mootummaa biyyattiis ji'oota sadiif akkaataa seera barreessuu haaraa afaan somaalii qophaa'e kana erga barsiifamaniin booda madaalliin dhihaateef. Hojjetaan mootummaa madaallicha hidabarres tarkaanfii carraa hojii isaa/ishee gadi dhiisuutu isaan qaqqabe. Haaluma kanaan baruma sana keessa afaan somaalii afaan barnoonni sadarkaa marsaa jalqabaatti ittiin kennamu ta'uun yeroo keessa afaan barnootaa kan sadarkaa lammaffaas ta'uu danda'e.

## 5. Kunuunsuu

Afaan waaltinaa'e tokko akka hojiirra ooluuf erga labsameen booda deeggarsiifi to'annaan gama bakka bu'ootaafi koree akkaadaamii afaaniin taasifamuu qaba. Afaan waaltinaa'ee haala gaariin hojiirra oolmaan isaa eegale tokko hinkunuunfamu taanaan waaltinummaan isaa hafee waliinmorkiin loqodoota afaanichaa jidduutti kan itti fufu ta'uun beekamaadha. Kanaafuu, qaamoleen kunuunsaaf itti gaafatamummaa qaban:

- Qajeelfamoota akkaataa afaan waaltinaa'e sun itti barreeffamu cimsuun danda'amurratti yeroodhaa gara yerootti qopheessuun lakkisuudha.

- Wantoonni barreeffaman hundi , kitaabota garagaraa dabalatee, afaan waaltinaa'e sanaa barreeffamaa jirachuu isaanii hordofuu

- Jechoonni yeroo yerootti uumamanii afaanichatti dabalaman kan dura yad-rimee tokko bakka bu'ee jiru wajjin hiika walfakkaatu qabaatee akka hindhiyaanne hordofuu. Sababiin isaas, yad-rimeen tokko jechoota tokkoo oliin yoo bakka bu'e waaltina afaanichaarratti dhiibbaa niqabaata.

Sagantaan Raadiyoo, galaalchaan adda addaafi waldorggommiin barreessuufi dubbachuu afaan waaltinaa'e sanaan qophaa'ee badhaasa argamsiisu yeroodhaa yerootti dhiyeessuun sammuu hawwaasichaarratti dhiibbaa fiduun toftaa filatamaadha. Afaanota hacuuccaa jala turanii gara waaltinaa'anii afaan biyyoolessaafi sanarrayyuu darbuun afaan daangaa

biyyaarra darbee namoota afaan dhalootaa isaanii hintaane jidduutti dubbatamuun afaan bal'inaan dubbatamu ta'uutti dhufan keessaa akka fakkeenyaatti kan eeramu afaan 'Afrikaanaa'ti. Afaan Afrikaanaa kan dubbatamu biyya Afrikaa kibbaatti yoo ta'u erga afaan waaltinaa'e ta'ee booda kunuunsi godhamuufiin akka inni sadarkaa kana qaqqabu sababa ta'eef. Kunis kan ta'uu danda'e fedhiifi jaalala dubbattoonni waaltina afaanichaaf qaban yoo ta'u afaanichi har'a afaan teknoloojii hammayyaafi afaan waliigaltee hawwaasa qaroome jedhamuuf ga'eera.

## 6. Walsimsiisuu

Adeemsa afaan waaltineessuu keessatti, walsimsiisuun qaama hojii isa baay'ee rakkisaa ta'eeti. Sababiin isaas, hojii walsimsiisuu keessatti gartuun afaanii tokko afaan gartuu afaanii biraa akka afaan waaltinaatti fudhatee itti gargaaramuun dirqama waan itti ta'uuf falmii simachuu diduu afaan waaltinaa'e sanaa keessa gala. Ogeeyyiin xiinqoqa hawwaasummas dhimma falmii fedhii fayidaa ofkeessaa qabu kanatti seenanii afaanota dubbattoota fedhii adda addaa qaban kana waan waaltineessaniif heddu rakkachuun isaanii hinoolu. Keessumaa, gartuun afaanonni isaanii akka walsimaanii gara waaltinaa'uutti dhufan barbaadaman sun yoo baay'ee yoo baay'ee waaltinicha hinfeene ta'eefi baay'ee afaan isaanirratti ciccitoota ta'an dhimmi isaa yaachisaa ta'a. waaltina afaanii keessatti walsimsiisuun gosa adda addaa qabaachuu danda'a.

### 1. Walsimsiisuu Biyyoolessaa (National Harmonization)

Walsimsiisuun sadarkaa biyyoolessaatti ta'u kaayyoon isaa inni cimaan jiraattonni uummata biyya tokkoo afaan dubbii garaagaraa yoo qabaataniyyuu yoo xiqqaate afaan ittiin barreessuufi dubbisuu danda'an sadarkaa biyyoolessaatti tokko qabaachuu qabu kan jedhudha. Fakkeenyaaf: akkaataa barreessuu biyya tokkoo keessatti walsimsiisuun waaltineessuun yoo barbaadame afaanonni waaltinicha keessatti hammataman marti qubee ittiin barreeffamaa turaniifi seera barreessuu isaanii gadidhiisuun kan isa afaan waaltinaa'e sanaa fudhatu jechuudha.

### 2. Walsimsiisuu Addunyaa (International Harmonization)

Walsimsiisuun sadarkaa addunyaatti ta'u walsimsiisuu afaanota daangaa biyyootaa ce'anii dubbatamanii kan ilaallatudha. Keessumaa, Afrikaa keessatti sababoonni afaan gosa tokko dubbatan daangaa biyyoota tokkoo ol keessa kan jiraatan ta'uun beekamaadha. Fakkeenyaaf: Afaan Oromoo ( biyya Itiyoophiyaafi Keeniyaa keessatti), Again Hawuusaa ( biyya Nayijeeriyaafi Niijer keessatti), Again Kisiwaahilii (biyya Taanzaaniyaa, Keeniyaa, Ugaandaa) keessatti dubbatamu. Haaluma kanaan, biyyoonni garaagaraa kun qubee ittiin afaan isaanii bakka buusaniifi seera barreesuu walfakkaatu afaanota biyya adda addaa garuu biyya tokko keessa jiran kanaaf uumuu ni danda'u.

Haata'umalee, barreeffamoonni biyya tokkotti barreeffaman afaanuma sanaan darbanii biyya isa biraa keessatti dubbattoota afaan sanaan dubbifamuu akka danda'aniif qubeewwaniifi akkaataa barreessuu afaan sanaa walsimsiisuun tokko taasisuun barbaachisaa ta'a. Kunis walsimsiisuu sadarkaa addunyaa jedhama. Gama kanaan Afrikaa keessatti afaan milkaa'e afaan Hawusaa yoo ta'u bara 1980 kaasee biyyoota lameenuu (Nayjeeriyaafi Niijeer) keessatti qubee tokkoofi akkaataa barreessuu tokko qabaatee jira.

### 3. Walsimsiisuu Afaanii (Language Harmonization)

Afaan walsimsiisuun waaltina keessatti akka addaatti ilaalama. Sababiin isaas, walsimsiisuun afaanii afaan loqodoota hedduu qaban garuu dubbattoonni isaa waldhaga'uu hindandeenye, akkasumas seenaan, bakki argama dubbattoota afaanichaa kan walhinbeekne bakka ta'etti afaanonni akka tokko ta'an waan taasisuufi. Tokko ta'uun afaanota/loqodoota kanaa kunis yoo xiqqaate afaan barreeffamaan ta'uu mala. Biyyoota Afrikaa keessatti biyyi Gaanaa afaanota biyya ishee keessatti argaman keessaa Tiwwii, Asaantee, Fantiifi kan biroos afaan 'Akaan', (afaan waaltinaa'e), wajjin walsimsiisuun afaan tokko taasifte. Gama biraan garuu, dhaabbanni mirga jiraachuu afaanotaaf falmu, UNESCOn walsimsiisuudhaan afaanota warra kaan ajjeesanii isa kaan jiraachisuun sirrii akka hintaane falma.

### 6.6. Karaa Itti Afaan Waaltinaa'u (Approaches To Language Standardization)

Akka namichi 'Mismang' (2001:166) jedhamu kaa'eetti, karaan itti afaan waaltinaa'uu danda'u beekamaan lamatu jira.

### 5.6.1 Karaa Loogii Ta'een (Discriminatory Approach)

Karaa loogiin afaan waaltineessuu jechuun afaan/afaanota olaantummaa qaban qofa filatanii waaltineessuun guddisuu yoo ta'u afaanonni hedduun otuu hinfilatamiin hafan garuu carraa hawwaasa isaanii keessaa bahuutu isaan eeggata. Karaa loogiin afaan waaltineessuun baay'ee beekamaafi biyyoota afaan baay'ee dubbatan garuu mirgi afaanota isaanii walqixa hinkabajamnetti kan hojiirra oolaa jirudha. Sababiin biyyoonni karaa loogiin afaan biyya isaanii waaltineessuu filataniifis dubbattoota afaan garagaraa afaan tokko akka dubbatan taasisee eenyummaan baay'ina sabaa hafee eenyummaa uummata tokkoo ta'uutu dubbattoota afaan garagaraa dubbatan jidduutti dhufa jedhanii waan amananiifi.

### 5.6.2. Karaa 'Paandiyaalektaal' (Pan-Dialectal Approach)

Akka namichi 'Wolff' (2000:333) jedhamu jedhutti, karaa paandiyaalektaalii loqodoonni/afaanonni yommuu waaltinaa'an haala dimokiraatawaafi ogeeyyonni kallattii adda addaarra jiran haala keessatti hirmaataniin raawwata. Haaluma kanaan, amalli loqodoota/afaanota gara waaltinichaatti dhufanii afaan isa waaltinaa'u keessatti mul'ata. Akka namichi Mismang (2001:166) jedhamu jedhuutti, karaan paandiyaalektaalii walsimsiisuu afaanotaa (linguistic harmonization) wajjin walfakkaata.

### 6.7 Afaan Kan Waaltineessu Eenyu?

Akka muuxannoon biyyootaafi afaanota hedduu agarsiisutti qaamoleen hawwaasaa kamiyyuu waaltina afaan isaanii keessatti gumaacha gama isaanii taasisuu akka danda'an ni amanama. Qaamolee kunneenis:

- Dhaabbilee mootummaafi miti-mootummaa garagaraa
- injineroota /ogeeyyota afaanii (linguists)
- Dhaabbilee amantaa
- Abbootii siyaasaa
- Sab-quunnamtiifi namoota sab-quunnamtii

- Barsiisotaaf barattoota
- Yunivarsiistota
- Bulchitoota hawwaasaa sadarkaalee garagaraatti argaman
- Namoota dhuunfaa (barreessitootaafii namoota artii)
- Dubbattoota afaanichaa hunda ta'uu danda'u

**6.8 Afaanota Gurguddoofi Xixiqqaa (Major and Minor Languages)**

Guddina uummati/biyyi tokko gama teknoloojii, siiyaasa, dippilomaasii, dinagdee, aadaafi, hawwaasummaan qabdu murteessuutiin imaammanniifi itti fayyadamni afaanii ishii baay'ee murteessaadha. Haata'umalee, sababa garagaraa bu'uura godhachuun afaanonni biyya tokko keessatti argaman afaan/afaanota guguddaa (major) yookaan xixiqqaa (minor) jedhamanii qoodamuu ni danda'u. Haaluma kanaan, safartuulee asiin gaditti dhihaatan fayyadamuun afaanota guddaa yookaan xiqqaa jechuun ni dandeenya.

- Hanga baay'ina dubbattootaa afaanichi qabu bu'uura godhachuun
- Sadarkaa (status) afaanichi hawwaasa biyyittii gidduuti qabu bu'uura godhachuuni. Afaanonni hawwaasa biyya tokkoo jidduuti akka afaan hojii biyyittiitti yookaan barnootaa, aadaa, manamurtiifi kanbiroos ta'ee tajaajila kennuu ni danda'a.
- Afaan daangaa biyyaa dubbattoonni isaa keessa jiran ce'ee dubbatamu ta'uu isaatiin. Fakkeenyaaf: biyyoota Afrikaa bahaa keessatti afaan kisiwaahilii, afaan Oromoofi, afaan Somaalii eeruun ni danda'ama.
- Afaanichi afaan dubbii ta'uurra darbee afaan barreeffamaa ta'ee dhihaachuu danda'uu isaan
- Afaanichi afaan yaaddoon (endangered language) irra jiru ta'aa dhabuu. Yeroo ammaa kana afaanonni Afrikaa keessatti argaman hedduun isaanii xiyyeeffannaan kennamaafii waan hinjjirreef, akkasumas ilaalcha dubbattooni afaan isaaniif qabanirraan kan ka'e hawwaasa jidduutti dubbataman keessaa baduu danda'u sodaan jedhu duddaadha.

- Afaanichi afaan qoannoon bal'innan irratti gaggeeffameefi dokumantii heggu kan qabu ta'u. Afaanonni qo'annaan barbaachisaa ta'e yeroo yerootti yoo kan irratti gaggeeffamu ta'e seerluga waaltinaa'eefi wabeeffamuu danda'u ni qabaata. Akkasumas, galmee jechootaa hammayyaa ta'e ni qabaata.
- Afaanichi qubeen ittiin barreeffamu afaan dubbii afaan bakka bu'u sanaa guutummaa guutuutti ibsuu danda'uu.
- Afaanichi afaan waaltinaa'e ta'uu.
- Afaanichi afaan bal'inaan uummata biyyittii jidduutti dubbatamu (lingua francae) ta'uu.